SEEROTNI KUN HAALA GODAANSA HOJJETAA TOKKOO YKN BAKKA DHAABBATI NEETWORKII JIRU OSOO HIN ILAALIN HOJJETTOOTA NI EEGU. DHAABBILEEN NETWORKII SEEROTA KANA KABAJUU QABU. HAALOO BAHUUN SEERAAN ALA.

Seattle Office of Labor Standards

# 2025 Beeksisa Mirgoota Hojjettoota Appirratti Hundaa'aniif

Beeksisni kun iyyata ykn waltajjii toora interneetii Dhaabbata Neetworkii irratti Afaan Ingiliffaa fi afaan(ota) hojjetaan sun dubbatu irratti kennamuu qaba.

## SEEROTNI KUN EENYURRATTI RAAWWATIINSA QABA?

Hojjettoota appii irratti hundaa'anii Seattle keessatti **dhaabbata neetworkii** uwwifameef hojjetan kan hojjettoota appii irratti hundaa'an 250 ta'aniif akka addunyaatti hojiif haala mijeessanidha. Dhaabbata neetworkii uwwifame:

- Maamiloota hojjettoota appii irratti hundaa'an waliin walqunnamsiisuuf appii ykn waltajjiiwwan toora interneetii fayyadama;
- hojjettootaaf carraa hojii ni dhiyeessa;
- Tajaajila beenyaa karaa hojjettoota appii irratti hundaa'an akka kennamu haala ni mijeessa.

"Dhaabbiileen bitaa fi gurguraa gabaa digitaalawaa walitti fidan" kanneen waliigaltee dursanii karoorfame dhiyeessan maamiltoonni hojjettoota appii irratti hundaa'an waliin odeeffannoo waa'ee hojii kanaa akka wal jijjiiran, hojjettoonni appii irratti hundaa'an gatii mataa isaanii akka kaa'an kan hayyamu, akkasumas waliigalteewwan maayilii fi yeroo **uwwifameen hin** hordofan.

## KAFFALTII XIQQAA HOJJETTOOTA APPII IRRATTI HUNDAA'ANIIF

Hojjettoonni appii irratti hundaa'an "yeroo hojjetaman" fi "maayilii hojjetaniif" kaffaltii gadi aanaa argachuuf mirga qabu.

### YEROO HOJIIRRA JIRU

**Dhaabbilee fedhii irratti hundaa'uun hojii fi hojjechiisaa wal-qunnamsiisan ykn hojii/tajaajila fedhii irratti hundaa'uun filatamu:**

- Hojjetaan appii irratti hundaa'e yeroo hojii dhiyaate fudhatan jalqaba.
- Hojjetaan yeroo hojicha xumuru, hojiin dhiyaate ni haqama, ykn hojjetaan sababa tokkoof dhiyeessicha haqa.

**Dhaabbilee neetwoorkii ykn dhiyeessii hojii biroo hunda:**

- Hojjetaan appii irratti hundaa'e hojii yommuu jalqabu ykn gita hojii dhiyeessicha keessatti ibsametti gabaasa.
- Kan xumuramu yeroo dhiyeessi hojii xumuramu, dhiyeessi hojii haqamu, ykn hojjetaan sababa tokkoof dhiyeessicha haqu.

# MAAYILII DEEMAME OSOO HOJIIRRA JIRUU

Maayilii yeroo hojiiirra jiru imalaa ture

## KAFFALTII XIQQAA HOJII/TAJAAJILA TOKKOOF ARGATU

**Kan caalu:**

**Daqiiqaa tokkotti $0.45 + $0.77/maayilii**

—YKN—

**$5.20**

Yoo hojichi Seattle keessatti kan jalqabame ta'e, hojjetaan sun yoo xiqqaate yeroo fi maayilii isaan bobbaafamaniif kaffaltiin ni kaffalamaaf. Yoo hojichi Seattle irraa hin jalqabamne ta'e garuu dhaabbii hojiin walqabatee ykn tajaajila Seattle keessatti kan hammate ta'e, gatiin xiqqaan yeroo fi maayilii daangaa magaalaa Seattle keessatti dabarsan qofa irratti raawwatama.

**"DHAABBATA FEDHII IRRATTI HUNDAA'UUN HOJII FI HOJJECHIISAA WALQUNNAMSIISU" YKN "HOJII/TAJAAJILA FEDHII IRRATTI HUNDA'UUN FILATAMU" JECHUUN MAALI?**

Dhaabbatichi, ykn namni dhuunfaa kenniinsa ykn tajaajila biroo kennu hojjetaan dhiyeessicha erga fudhatee sa'aatii 2 keessatti jalqabuu qaba.

## DHAABBANNI KUN:

- ☐ Dhaabbata fedhii irratti hundaa'uun hojii fi hojjechiisaa walqunnamsiisu
- ☐ Dhaabbata bitaa fi gurguraa gabaa digitaalawaatti walitti fidu
- ☐ Dhabbata neetworkii, garuu kanneen armaan olii keessaa tokkollee miti

## MIRGA DADDABBII (FLEXIBILITY) QABAACHUU

Hojjettoonni appii irratti hundaa'an yoom akka argamanii fi dhiyeessii kam akka fudhatan/hin fudhanne murteessuuf mirga qabu.

Dhaabbileen networkii hojjettoota kanneen armaan gadii hojjetan irratti tarkaanfii hamaa fudhachuu hin danda'an:

- Argamuu isaanii daangeessuu
- Dhiyeessii kamiinuu fudhachuu ykn diduu
- Sababa kamiinuu dhiyeessicha haquu

Tarkaanfiin hamaan hojjetaan sun mosaajii sana akka hin seenne daangeessuu ykn hojjetaa sana hojii irraa dhaabuu ta'uu danda'a.

## MIRGA TIIPPIIDHAAN WAL QABATU

Hojjettoonni appii irratti hundaa'an waa'ee imaammata tiippii dhaabbatichaa odeeffannoo ifaa ta'e mirga qabu.

- Appichi maamiltoonni dursanii akka tiippii galchaniif ni hayyamaa?
  - ☐ Eeyyee
  - ☐ Lakki
- Maamiloonni erga hojiin hojjetamee booda tiippii fooyyessuu ykn haquu danda'uu?
  - ☐ Eeyyee
  - ☐ Lakki
- Tiippiin hundi hojjettoota appii irratti hundaa'aniif kaffalamuu qaba
- Tiippiin gara kaffaltii/mindaa xiqqaatti hin lakkaa'amu

## MIRGA ODEEFFANNOO DURSA ARGACHUU

Dhaabbileen neetworkii maamilichi hojjetaadhaaf kanneen armaan gadii kennuu ykn mirkaneessuu qabu:

- Tilmaama yeroo fi maayilii hojjatame
- Kaffaltii xiqqaa mirkanaa'aa
- Hanga kaffaltii dabalataa maamiltoonni ni kaffalna jedhan kamiyyuu
- Maqaa dhaabbata daldalaa qondaalli dhaabuu qabu
- Odeeffannoo waa'ee carraaqqii qaamaa barbaachisu (fkn. ulfaatina meeshaalee, sadarkaa balbalaa), yoo danda'ame
- Yoo danda'ame, odeeffannoo waa'ee qabiyyee ajaja toora interneetii hin saamsamnee ykn hin cufamnee

## MIRGA IMAAMMATA ITTI FAYYADAMA SOBAA

Hojjettoonni appii irratti hundaa'an imaammata itti fayyadama sobaa dhaabbata networkii kanaa ibsa ifa ta'e argachuuf mirga qabu.

Imaammata kana asii argattu:

## YEROO BOQONNAA KAFFALTII QABUU KAN DHUKKUBAA FI NAGEENYAA

### HOJJETTOONNI APPII IRRATTI HUNDAA'AN MIRGA:

- Seattle keessatti guyyoota 30 hojjetaniif yoo xiqqaate PSST guyyaa tokko argachuu
- Guyyaan Siyaatil keessatti geessu ykn fudhachuu itti raawwatan kamiyyuu PSST argachuuf akka herregamuuf
- Ji'a ji'aan beeksisa waa'ee PSST kuufamee, hanga jiru, kan itti fayyadaman, fi sadarkaa kaffaltii PSST argachuu
- Guyyaa PSST itti fayyadaman hundaaf sadarkaa kaffaltii isaanii kan giddugaleessa guyyaatiin kaffaltii argachuu
- Yeroo boqonnaa jiru kutaa sa'aatii 24tiin fudhachuu
- Sirna salphaatti argamuu danda'u kan PSST itti fayyadamuu, hubachuu fi gaafachuuf isaan dandeessisu qabaachuu

### YEROO BOQONNAA KAFFALTII QABU SABABOOTA KANAAF FAYYADAMUUN NI DANDA'AMA:

**YEROO DHUKKUBAA:** Beellama yaalaa ofii isaanii ykn miseensota maatii dabalatee haala fayyaa qaamaa ykn sammuu kunuunsuuf

**YEROO NAGEENYAAF:** Jeequmsa maatii, miidhaa saalaa, doorsisa, sababa itti gaafatamaa fayyaa hawaasaatiin hojiin cufamuu, mana barumsaa ykn kunuunsaatti dhihoo ta'uu, fi wantoota ofii isaanii ykn miseensota maatii irratti dhiibbaa geessisan

## MIRGA BEENYAA HAMBISUU MORMUU

Dhaabbileen neetworkii hojjetaan appii irratti hundaa'e sababa hayyama hin qabneen PSST yoo fayyadame beenyaa hambisuu ykn dhorkuu danda'u. Hojjettoonni appii irratti hundaa'an yeroo boqonnaa kaffaltii qabuu kan dhukkubaa fi yeroo nageenya kaffaltii qabuu kaayyoo hayyamameef fayyadamuu irratti falmuu fi ejjennoo jabaadhaan dubbachuuf mirga qabu.

## MIRGOOTA KEESSAN BEEKAA

### HAALOO BAHUUN DHORKAADHA

Seerotni kunneen hojjettoonni appii irratti hundaa'an mirga kana argachuu ykn itti fayyadamuu isaaniitiin haaloo ba'uu irraa ni eegu.

### MIRGA HIMANNAA DHIYEESSUU

Hojjettoonni appii irratti hundaa'an yoo dhaabbati neetworkii haguugame seerota kana cabse Waajjira Sirna Hojii fi Mirga Hojjettootaatti komii dhiyeessuuf ykn himannaa dhiyeessuuf mirga qabu.

## QUUNNAMTII: WAAJJIRA SIRNA HOJII FI MIRGA HOJJETTOOTAA

### Dhaabbilee Networkii

Deeggarsa ogummaa fi/ykn leenjii argachuu

### Hojjettoota appii irratti hundaa'an

OLSttii himannaa dhiyeessuu ykn mana murtiitti himannaa dhiyeessuu

**206-256-5297**

**www.seattle.gov/laborstandards**

**Seattle** Office of Labor Standards

**810 THIRD AVE, SUITE 375**
**SEATTLE, WA 98104**
**Sa'atiiwwan Hojii: 8:00 AM - 4:00 PM (Wiixataa-Jimaata)**
**LABORSTANDARDS@SEATTLE.GOV**

Ergamni Waajjirri Sirna Hojii fi Mirga Hojjettootaa hirmaannaa hawaasaa fi daldalaa yaada guutuu fi kabaja qabuun, hojiirra oolmaa tarsiimoo fi imaammata kalaqaan qopheessuu, fi haqa sanyii fi hawaasummaaf kutannoo qabaachuudhaan sirna hojii fooyyessuu fi mirga hojjettootaa dagaagsuudha.

Waajjirri Sirna Hojii fi Mirga Hojjettootaa qaama miidhamtootaaf tajaajila hiika afaanii, turjumaanaa fi deeggarsa addaa ykn mijataa ta'e ni kenna.